# سُورَةُ سَبَإٍ
# Suuraa Saba`

قبل كل شئ هذه هي سورة سبأ

*Dura dursoo suuran tun {suuratu saba'} jeamti

وهي مكية الا الآية ( ٦ ) فهي مدنية

*Isiin suuraa rnakkaati aayata{ 6} malee sun ta madiina'aatii

وآياتها أربع وخمسون ( ٥٤ )

*Aayaanni isi'ii shantamii afuri {54} .

نزلت بعد سورة لقمان

*Isiin eega luqmaanii buute

وترتيبها ( ٣٤ )

*Lakkooysi isi'ii soddornii afuri {34}

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

* Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata gudda'aa xiqqaa qabuutii .

ٱلْحَمْدُ لِلَّهِ

*Faarun ta Rabbiiti isaatu waan faaruu taye hunda haqa godhata ,

ٱلَّذِى لَهُۥ مَا فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِى ٱلْأَرْضِ

*Rabbii waan sami'iifii dachii keessa jiru, uumee qabu

وَلَهُ ٱلْحَمْدُ فِى ٱلْءَاخِرَةِ

*Faarun boodaa ta aakhira'aa ta isaatii, wa-an inni, kan addunya'aafii aakhira'at tillee nama qananiisu tayeef,

وَهُوَ ٱلْحَكِيمُ

*Inni kan hikmaa qabu, kan dalagaan isaa akka malee hin taane,

ٱلْخَبِيرُ ﴿١﴾

1} *Kan waa hunda keessa beekhu .

يَعْلَمُ مَا يَلِجُ فِى ٱلْأَرْضِ

*Inni waan dachii keessa seenu hunda be-ekha,kan akka bishaanii nama keessatti awwaalamee

وَمَا يَخْرُجُ مِنْهَا

*Inni waan dachii keessaa bayu hunda be-eka, kan akka mayraa, warra dhume, kan guyyaa qiyaama'aa qabriidhaa bayuu . kan akka albooda'aa { ma'dana}

وَمَا يَنزِلُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ

*Rabbiin kan waan sami'ii bu'u hunda bee-khu, kan akka roo baa, malaayka'aa, man-diisu'uu

وَمَا يَعْرُجُ فِيهَا

*Kan waan samii bayu hunda beekhu, kan akka malaayka'aa, dalaga'aa,

وَهُوَ ٱلرَّحِيمُ

*Rabbiin kan waan uumef rahgmata godhu

| | |
|---|---|
| ٱلْغَفُورُ ﴿٢﴾ | 2}*Kan mu'minaafaraaramu. |
| وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ | *Warri kafare akki je'e: |
| لَا تَأْتِينَا ٱلسَّاعَةُ | *Qiyaaman nuttin dhuftu, hin jirtu je'an |
| قُلْ بَلَىٰ وَرَبِّى | *Rabbii kiyyaan isiniifkhakhadhee, |
| لَتَأْتِيَنَّكُمْ | *Qiyaaman isinitti dhuftii ni kaafamtan, je'iin, |
| عَٰلِمِ ٱلْغَيْبِ | *Rabbiin kan waan namarraa fago'oo hunda beekhu. |
| لَا يَعْزُبُ عَنْهُ | *Rabbirraa hin fagaatu. hin dhukhatu , |
| مِثْقَالُ ذَرَّةٍ | *Wanni hanga mizaana mixii xiqqo'oo takkalleen, |
| فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَلَا فِى ٱلْأَرْضِ | *Sami'iifii dachii keessatillee. |
| وَلَآ أَصْغَرُ مِن ذَٰلِكَ | *Wanni mixi'ii gadii,yookaa irra xiqqo`oo |
| وَلَآ أَكْبَرُ | *Tan sanirra guddo'olleen hin taane |
| إِلَّا فِى كِتَٰبٍ مُّبِينٍ ﴿٣﴾ | 3}*Tan kitaaba wanni hundi keessatti kata- |

bamte kan waa hunda ibsu keessa jirtu taatu malee, hin taane, sun kitaaba { lowhgulmahgfuuz } je'amuu, achitti Rabbiin katabee dabarsee hunda quba qaba .

| | |
|---|---|
| لِّيَجْزِىَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّٰلِحَٰتِ | *Wanni qiyaaman dhuftuuf dhuftuuf,akka warra addunya'arratti waan gaarii da lageef, galata yookaa sawaaba waan dalaganii isaanii kennuufi , |
| أُو۟لَٰٓئِكَ لَهُم مَّغْفِرَةٌ | *Isaan araaramaatu , |
| وَرِزْقٌ كَرِيمٌ ﴿٤﴾ | 4} * Ammallee rizqii gaari'iitu isaanif jira sunjannataafii waan isa keessajiruu. |
| وَٱلَّذِينَ سَعَوْ فِىٓ ءَايَٰتِنَا | *Warri qur'aana keenya balleessu'uuf deemu, waan hamtu'uun qur'aana maqaa dhawanii, |
| مُعَٰجِزِينَ | *Waan nu injifatanii, waan fedhan dalaguu dandayan seya'aa. Yookaa waan qixaaxa keenya jalaa bayan if seya'aa, waan qabri'ii kaafamnii hin gaafatamnuu yaadaniifjecha, |

* Jara saniif azaabatu jira,
أُوْلَٰٓئِكَ لَهُمۡ عَذَابٞ

*Azaaba akkaan hama'aa.
مِّن رِّجۡزٍ

5} *Kan akkaan isaan laalessu.
أَلِيمٞ ٥

*Warri beekkomsa kenname,ni beekha isa-
وَيَرَى ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡعِلۡمَ

---

aan warra yahuuda'aafii, nasgaara'arraa amanee, kan akka {abduII aahii binu salaamifii} asaabota isaa, ammallee kan akka mootii habasha'aa,

*Qur'aanni Rabbii keetirraa sirratti buufame, inni haqaa beekhan ,
ٱلَّذِيٓ أُنزِلَ إِلَيۡكَ مِن رَّبِّكَ هُوَ ٱلۡحَقَّ

6}*Ammallee qur'aanni karaa Rabbiijabaa, faarfama'atti,nama qajeelchaa beekhan.
وَيَهۡدِيٓ إِلَىٰ صِرَٰطِ ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡحَمِيدِ ٦

*Kuffaarri,qabri'ii hin kaafamnu je'u, akki waliin je'e qishna'aa jecha,
وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ

*Nama tokkotti isin qajeelchinuu nabi Muhammad itti fedhanii ,
هَلۡ نَدُلُّكُمۡ عَلَىٰ رَجُلٖ

*Kan isinii odeessu,
يُنَبِّئُكُمۡ

*Isin hoggaa duutanii, qaamni keessan ciccitee biyyee taatan .
إِذَا مُزِّقۡتُمۡ كُلَّ مُمَزَّقٍ

7}*Lammada uumaa haaraya uumamtan je'ee isinii odeessutti isin qajeelchinuu je'an
إِنَّكُمۡ لَفِي خَلۡقٖ جَدِيدٍ ٧

* Ammas wanni waliin je'an si wanni akkas je'uuf, kijiba Rabbirra kaayu'uufimoo,
أَفۡتَرَىٰ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبًا

*Maraatu'uutu itti jiraa, akkas je'a, je'an, duuba rabbiin isaanirratti deebisu'uu jecha, akki je'e: dubbiin akka isaan je'anii mitii,
أَم بِهِۦ جِنَّةُۢ

*Warri aakhira'atti hin amanne,
بَلِ ٱلَّذِينَ لَا يُؤۡمِنُونَ بِٱلۡأٓخِرَةِ

* Aakhira'atti azaaba jabaa keessa qubatan.
فِي ٱلۡعَذَابِ

8}* Ammoo ar'a addunya arratti jallina haqarraa fagaatani haqarraa fagaate, kan azaaba ibiddaa, haqa isaan godachiise keessa jiran.
وَٱلضَّلَٰلِ ٱلۡبَعِيدِ ٨

*Si ormi kuffaaraa sun waan fuula isaanii dura jiru , kan ijji isaanii irra buutu hin arganii,
أَفَلَمۡ يَرَوۡاْ إِلَىٰ مَا بَيۡنَ أَيۡدِيهِمۡ

وَمَا خَلۡفَهُم

*Ammallee waan isaan duuba jiru, akkasuma waan isaan gubbaa jiruufii, waan isaan jala jiru, waan isaanin naannayee jiru, kan Rabbiin uume hin arganii?,

مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلۡأَرۡضِۚ

*Dachi'iifii samii hin agarree,

إِن نَّشَأۡ نَخۡسِفۡ بِهِمُ ٱلۡأَرۡضَ

*Yoo feene, dachiin akka isaaniin, cittu goonaa,

أَوۡ نُسۡقِطۡ عَلَيۡهِمۡ كِسَفٗا مِّنَ ٱلسَّمَآءِۚ

*Takkaa muraa guddoo sami'irraa murree buufnee, lafarraa isaan fin'aa hin beekanii ?

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ

*Waan isaan laalanii argan keessa.

لَأٓيَةٗ

*Milikkata, yookaa raga rabbiin waan , fedherratti dandayu'uutu jira, waan inni dandayurraa qiyaamaa fidee, qa bri'ii nama kaasee, waan addunya'arratti dalaganirraa nama gaafatee, kan tolee jannata isaa kennee, kaan qixaaxun waan inni dandayurraa tokkoo, waan, san laalanii ayli'iin beekun gorsa jabaa,

لِّكُلِّ عَبۡدٖ مُّنِيبٖ ٩

9}*Nama gara Rabbii deebiee , waan Rabbiin uume gad qabee laaluf,maalif ? namni samii guddoo, akka laallee garrutti,o1 fuudhamte, tana uume, kan dachii akka laallee garrutti, bal'ifamte ,tana uume. namni aylii Rabbiin uumin laale, akka namni isii uume isa nama du'ee biyyee taye lammada uumuu dandayu taye ni beekha, uuman namaa uumaa sami'iitifii dachi'irraajabdu'uu mitii.

۞ وَلَقَدۡ ءَاتَيۡنَا دَاوُۥدَ مِنَّا فَضۡلٗاۖ

*Nabi daawuudif fadglii teenya kenninee jirra fadgliin

يَٰجِبَالُ أَوِّبِي مَعَهُۥ

*Wanni gaaroti'iin jenne:daawuuda jalaa zikrii qabaa wajjiin tasbiihga godhaa hoggaa inni {subhgaana!laah} je'e, isinis je'aa isa mirqaansu'uuf, akkasuma .

وَٱلطَّيۡرَۖ

*Waan bararu hundaan, wajji zekkaraa, jennee,wajji tasbiihga gooti .

وَأَلَنَّا لَهُ ٱلۡحَدِيدَ ١٠

10}*Waan nuti daawuudif kennirraa tokko

---

waan sibiila taye hunda isaaf laaffifne, kan akka bordodatti, yookaa qooshaadhatti, harka isaatin, waan fedhe irraa tolchu. kan ibiddaan hin oow'ifne. kan burrishaan hin dhooyne .

أَنِ ٱعۡمَلۡ سَٰبِغَٰتٖ

*Wanni isaan jenne: qamisa sibiilaa bal'aa qaama wal nama gayu, kan hoggaa lolaa utTatan tolchi,

وَقَدِّرۡ فِي ٱلسَّرۡدِۖ

*Dhawaa qamisa siibiilaa san, tolchi akka

xiyyiti keessan fu!laatee nama hin dhooyn-

etti, akka ulfaatee,nama uf fatu hin dhibnetti , akka qoowni, yookaa hamartiin qamisa san walitti akka Iooti'itti hiitu wal fakkaattutti kan qoowni, qamisa san walitti xalafu, tokko tokkorran, bal'anne.

وَٱعۡمَلُواْ صَٰلِحًاۖ *Wanni warra daawuudiin jenne:yaa warra daawuud yaa nama isaa daawuuditti irkattanii dalagaa hin dhiisina'aa, waan gaarii dalagaa.

إِنِّي بِمَا تَعۡمَلُونَ بَصِيرٞ ١١ 11}* An waan isin dalaydan nan argaa, nan beekhaa, jazaadhan isinii galchaa.

وَلِسُلَيۡمَٰنَ ٱلرِّيحَ *Sulaymaan ilma daawuudiif ,qilleensa laaffifnee jirra

غُدُوُّهَا شَهۡرٞ *Kan bobbaan isi'ii hanga amna baatii takkaa {ghuduwuhaa} jechuun: ganamarraa hanga orra'atti jechu'uu,

وَرَوَاحُهَا شَهۡرٞۖ *Kan galti isi'ii hanga amna baatiii { rawa-

ahg } jechuun: suphaaxarraa hanga dhiyaa jechu'u, duuba inni bakka amna baatii takka namni itti deemutti, ganama qilleensa yaabbatee warra isaan wajji jiruun wajji dhaqee, achi oolee gala

وَأَسَلۡنَا لَهُۥ *Nabi suleymaanifyaafnee jirra,

عَيۡنَ ٱلۡقِطۡرِۖ *Ija nuhgaasaa yookaa maaldayaa , guyyaa sadii, halkanii guyyaa,walitti dhaabee nuhgaasni,maddeef. ijji sun biyya yaman jirti, dalagaan namni nuhaasatti dalagu , ibiddaan ow'isanii tumuun kun, waan nabi suleymaanii kennamerraayi. san dura ibiddaafii waan biralle'een hin baquu, Rabbiin abba'aaf sibiila laaffiseeti, ilmaafnuhaasa yaase, lachuu karaamaa yookaa mukgjizaa mul'atu'u.

وَمِنَ ٱلۡجِنِّ مَن يَعۡمَلُ بَيۡنَ يَدَيۡهِ *Jinni'irraayis nama isaaf dalagu goon efii jirra,

بِإِذۡنِ رَبِّهِۦۖ *Ajaja Rabbii isaatin warra waan inni fedhe isaaf dalagu ,

وَمَن يَزِغۡ مِنۡهُمۡ عَنۡ أَمۡرِنَا *Namni jinniidharraa ajaja nuti suleymaanif dalagu'utti isa ajajane dhagayuu didu,

نُذِقۡهُ مِنۡ عَذَابِ ٱلسَّعِيرِ ١٢ **12}*** Azaaba ibiddaati aakhira' atti isa dhandhamsiifna. takkaa addunyuma tanarratti isa dhandhamsiifna ,malaaykan halangee ibiddaatin dhooytee gubu'uun

يَعۡمَلُونَ لَهُۥ مَا يَشَآءُ مِن مَّحَٰرِيبَ *Ormi jinni'ii sun jaarmaya inni fedhu dhe-dheeraa isaaf jaaran, kan faanoo hedduu-dhan itti koran,

وَتَمَٰثِيلَ * Ammallee suuraa yookaa fakkii waan adda addaa sibiilafii .nuhgaasafii ,dhaga'aafii, birille'erraa isaaf sawaran shari'aa isatti suuraa sawwaruun dhowwa'aa mitii, ammoo shari'aa teenyatti isiin ni dhoowwamti waan namni suuraa san Rabbi godhatee ibaaduu jalqabeef jecha .

وَجِفَانٖ * Ammallee qorii gurguddoo isaaf tolchiti ,

كَٱلۡجَوَابِ *Tan akka naannigaa,tan namni kumni tokko itti nyaatu ,

وَقُدُورٖ * Ammallee okkotee gurguddoo isaaf tolchiti,

رَّاسِيَٰتٍۚ *Okkotee lafatti dhaabbattu kan gullichaan isi'ii hin sossoone, tan dhagaa gaara yaman keessa jiru tokkorraa tolfamtu tan riqichaan itti koran, yookaa sullamaan ,

ٱعۡمَلُوٓاْ ءَالَ دَاوُۥدَ شُكۡرٗاۚ *Yaa warra daawuud:ibaadaa Rabbii godha'aa Rabbiif galata galchaa, waan inni isinii kennerratti jenneen ,

وَقَلِيلٞ مِّنۡ عِبَادِيَ ٱلشَّكُورُ ١٣ 13} *Namni gabroottan kiyyarraa waanin an kenneetirratti galata naa galchee, na ibaadu, nama xiqqaadha.

فَلَمَّا قَضَيۡنَا عَلَيۡهِ ٱلۡمَوۡتَ *Hoggaa nabi Suleymaanitti dua murree du'ee,isaa ulee isatti irkatee dhaabbatu amata guutuu taa'e, kan namaatii jinnilleen hin beekhin, maalif aadaa isaatitu ibaada'aa jecha nyaataa dhugaatii fudhatee {beytulmaqdis} keessa amata tokko, yookaa lama, baatii tokko yookaa lama, khalwaa seene, duuba isaa khalwaa isaa ta waytii dheertu'uu seene, du'e. yoo namaafii, jinni'iitii, ibaadumatti jira, tanaaf ji nniin dalagaa jabduu inni irra kaaye, jaatani'iin oofti sodaa isaatif .ammoo nabi suleymaan wanni Rabbi khadhate akka du'a isaa jinni'irraa dhoysu, duuba irraa dhoyse, kan nam tokko hin argin.

مَا دَلَّهُمۡ عَلَىٰ مَوۡتِهِۦٓ إِلَّا دَآبَّةُ ٱلۡأَرۡضِ *Wanni tokkolleen du'a isaa jinnii hin . Beysifne { rirmalimma } malee .

تَأۡكُلُ مِنسَأَتَهُۥۖ *Tan ulee, inni itti irkatee du'e nyaattee, kufe.

فَلَمَّا خَرَّ *Duuba hoggaa isaa du'ee kufe argan ,

تَبَيَّنَتِ ٱلۡجِنُّ

*Jinniidhaf ifa gale akka waan fago'oo hin beyne.

أَن لَّوۡ كَانُواْ يَعۡلَمُونَ ٱلۡغَيۡبَ

*Odoo silaa waan as deemu beekanii ,

مَا لَبِثُواْ فِي ٱلۡعَذَابِ ٱلۡمُهِينِ ١٤

**14}** *Dalagaa hamtuu san keessa hin taa'an, wanni taa'aniifwaan isaanirraa fago`oo wallaalafi,ni jiraa seyu'uuti jinniin san dura waan dhufaa taa'u hunda ni beynaa, wanni nurraa dhukhatu hin jiruu yaaddi,amma, akka waan san hin beyne, hubatanii {lilma} laaftuu waan isaan jajjaboon wallaalan san, isaan beysifte, jaalatanii bishaanitii biyyee, qaawa mukaa, yookaa baharaa keessatti isi'ii fiduu baallama seentetii, akka jetteen odoo nyaataa dhugaatii feetee bakka ati jirtutti sii tinna jetteen, akkasitti jinniin du'a suleymaan beytee cunqursaa isaa jala baate, wanni Rabbiin du'a suleymaan dhoyseef, jinniin waan dhufaa taa'u hin beytuu mul'isu'uufi,

لَقَدۡ كَانَ لِسَبَإٖ

*Ummata {saba'} je'amu ,kan biyya yamaniif,

فِي مَسۡكَنِهِمۡ

*Biyya isaanii keessatti ,

ءَايَةٞۖ

*Wanni gorfamaniin,tan dandeytii Rabbii isaan garsiiftu argamtee jirti . sun

جَنَّتَانِ

*Jannata yookaa masnoo lama,

عَن يَمِينٖ وَشِمَالٖۖ

*Tan laga isaanii mirgaa bitaa jirtu ,

كُلُواْ مِن رِّزۡقِ رَبِّكُمۡ

*Wanni isaanin je'ame rizqii Rabbii keessanii nyaadhaa

وَٱشۡكُرُواْ لَهُۥۚ

*Galata isaaf gaIchaa .

بَلۡدَةٞ طَيِّبَةٞ

*Bitti teessan biyya gaariidhaa biyyee ,soogidda hin qabne tan bookhee binbee ,busee,taffii, qeejjabbuu, bofa, hin qabnee tan yoo namni injiree qabu keessa dabre injireen irraa duduutu, qilleensi isi'ii gaarii tayuu keessa

وَرَبٌّ غَفُورٞ ١٥

15}*Rabbiin biyya tana isinii kenne, Rabbii namaaf araaramuu, jenneen.

فَأَعۡرَضُواْ

*Duuba Rabbiif galata galchuu dhiisanii Rabbitti kafaran anbiyoota isaanii kan isaanitti ergame kijibsiisanii, ummata sanitti anbiyaa kudha sadiyiitu ergame.

فَأَرۡسَلۡنَا عَلَيۡهِمۡ سَيۡلَ ٱلۡعَرِمِ

*Isaan kafarraan isaan qixaaxu'uu jecha bishaan kuurii jaaranii gar jalaa qubatan ma-

ndara jaaratanii dhuganii masnoo obaafatan san.itti jiysinee ,mandara isaanitiifii ,masnoo isaanii horii isaanii awwaalle, layni isaanii gaafa duraa bishaan hin qabu, haa tayuu ganna galaana gudda'aatu biyya heddu'uu dhufe,cirracha diida bal'a'aa keessa faca'ee, bada. duuba laga san, gaara lama jidduu jaaranii, bishaan roobaa san hidhanii, ol deebi'ee bahara guddaa taye, hulaa sadii godhaniiftakka gubba'a, takka jiddu'u, takkajala gaafa kuurin sun guutte, hulaa gubba'aati bananii, hoggaa bishaan gad deebi'e ta jiddu'uutii, xiqqaattu ta jalaati. duuba jaarmaya akkasitti jaba'aa san, Rabbiin hantuutuma tokko itti ergee qotee qaawa itti godhe, rooba biyya galaanni isi'ii laga sanitti deebi'u hunda akkaan roobee, galaanni dhufee, khuurin sun guutamtee bishaan qaawa hantuunni qoteen galee, dhaaba khuuri'ii seenee, tarsa'ee, baharri, bishaanii gandaafii , masno'oo, waan isaan qaban hundatti jigee balleesse, tanaaf Rabbiin akka je'e :

وَبَدَّلْنَٰهُم بِجَنَّتَيْهِمْ جَنَّتَيْنِ *Masnoo isaanii tan akkasitti gaari'ii.tan

yoo namni qircheeta mata'arra kaayatee keessa deeme midhaanumti bilchaatee bu'u namaaf guutu, kan harkaan guuru'utti hin haajamne, san masnoo biratti isaanii jirjiirre.

ذَوَاتَىْ أُكُلٍ خَمْطٍ *Masnoo midhaan isi'ii hadhaayaa bada'aa , akka je' anitti aade'eetti

وَأَثْلٍ * Ammallee muka gaattiraa fakkaatu,

وَشَىْءٍ مِّن سِدْرٍ قَلِيلٍ ﴿١٦﴾ 16} * Ammallee muka qurquraa hin nyaadhamne waa xiqqo'otti jirjiirree. Gandi sun achii buqqa'ee, addunyaa keessa facare, bitaadhaa mirga.

ذَٰلِكَ *Akkasitti masnoo isaanii ammallee haala isaanii jirjiirun,

جَزَيْنَٰهُم *Isaan qixaan'e isaan yakkine

بِمَا كَفَرُوا۟ *Sababaa isaan Rabbitti kafaraniif .

وَهَلْ نُجَٰزِىٓ إِلَّا ٱلْكَفُورَ ﴿١٧﴾ 17}*Nuti nama kafare malee nama kaan wahi qixaan'aa? hin qixaan'u .

وَجَعَلْنَا بَيْنَهُمْ *Warra yaman, kan saba' , kan bade saniifii

وَبَيْنَ ٱلْقُرَى ٱلَّتِى بَٰرَكْنَا فِيهَا *Biyyoota gandoota baraka qabdu, tan mukaafii bishaanin quubsine, jidduu goonee jirra, sun yamaniifii shaam jiddu'uu, bitti barakaa qabdu, shaamii,

قُرًى ظَـٰهِرَةً *Gandoota mul'ataa,kan yamanirraa qabee hanga shaamitti, walitti dhaabbatu,

وَقَدَّرۡنَا فِيهَا ٱلسَّيۡرَ *Gandoota walitti dhaabbatu,san keessa amna likkeessinee jirra, hanga ganda tokkorraa mana kaanitti dabara'aa , bakka deemaniif gayanitti,kan galaa, yookaa sinqiidhafii, bishaan ba'a tu'utti hin haajamne,

سِيرُواْ فِيهَا لَيَالِيَ وَأَيَّامًا ءَامِنِينَ ١٨ 18}*Wanni isaanin jenne, gandootii san keessa halkanii guyyaa yaa'aa, nagayaan ka waa takka hin sodanne, akkasitti kan dheebonne, kan beeloyne, kan sodaanne baatii afur ganda keessa yaa'an.

فَقَالُواْ *Duuba jarri sun qananii dadhabaniiti rabbiif galata galchuu dhiisanii, cinqii ba'atu'uuf hawwanii, dureeyyin hiyyeeyyi'irra, waan yaabbataniifii, galaa qabaatuu keessatti, caaluu mul'isu'uu bololanii akki je'an:

رَبَّنَا بَـٰعِدۡ بَيۡنَ أَسۡفَارِنَا *Yaa Rabbii keenya safara yookaa imala keenya, kan shaamifii, yaman jiddu`uu kana, addaan nuu fageessi, akka imalaaf qophaaynee diida gandi hin j irri keessa yaa'an kan saniin sadarkaan, yookaa darajaan dureessaa mul'attu duuba Rabbiin khadhaa isaanii isaanii qeebalee ganda san hunda deemsisee.diida barahaa,namni soda'aa keessa hin deemne godhe.

وَظَلَمُوٓاْ أَنفُسَهُمۡ *Jarri sun ifumaaf if miidhan,kafaranii, qananii Rabbii moromanii .

فَجَعَلۡنَـٰهُمۡ أَحَادِيثَ * Akkasitti jara san fin'ee oduu warra isaan boodatiif odeeffamtu goone.

وَمَزَّقۡنَـٰهُمۡ كُلَّ مُمَزَّقٍۚ * Addaan isaan faffacaafnee biyyoota adda addaa keessa

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ *Waan dubbanne san keessa

لَأٓيَـٰتٖ *Gorsaatu jira,

لِّكُلِّ صَبَّارٖ *Nama bala'arratti obse

شَكُورٖ ١٩ 19} *Waan Rabbirraa argaterratti galata isaaf galchuuf,wanni Rabbiin qissaa yookaa odu duroo warra { Saba' } odeessef, akka warri dhagaye,waan akka isaanitti bu'eetu nutti bu'aa sodatanii ,qananii Rabbii moromuu dhiisaniifi .

وَلَقَدۡ صَدَّقَ عَلَيۡهِمۡ إِبۡلِيسُ ظَنَّهُۥ *Ibliis waan seye kuffaararratti argate, dhugaa taatef wanni inni seye, yo on jallise na jala deeman jechu'uu ,

فَٱتَّبَعُوهُ

*Duuba jala deemaniiti yaanni isaa dhugaa tayuu arge, kuffaarri sun takkaa warri saba' sun isa j ala deemee kafare,

إِلَّا فَرِيقًا مِّنَ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ٢٠

20} *Haa tayuu ormi mu'minaa, ibliis jala hin deemne.

وَمَا كَانَ لَهُۥ عَلَيۡهِم مِّن سُلۡطَٰنٍ

*Inni orma mu'minarratti irree hin qabu jallisu'uufii,waswaasu'ulle'een,mataa saatin,

إِلَّا لِنَعۡلَمَ مَن يُؤۡمِنُ بِٱلۡأٓخِرَةِ مِمَّنۡ هُوَ مِنۡهَا فِي شَكّٖۗ

*Nuutu irree mu'minaan waswaasu kennaaf malee nama aakhira'atti amanuu fii kan aakhiraa shakku, akka beeynu gabroottan keenyaa mul'isu'uuf jecha ibliis jallinatti nama yaama malee jailina innin uurnu , ammas sheyxaanni ule'een tumee jallinatti waa nama hin sensisu wanni inni dalagu,jallinuma namatti bareechu',

وَرَبُّكَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٍ حَفِيظٞ ٢١

21} *Rabbiin kee kan waa hunda eegu, tiysu kan sheyxaana namarraa dhoowwuu dandayu,nama Rabbitti dheyse ibliis waa takkan godhu.nama aayatulkursii yookaa du'aa'ii nabi Muhammad qara'aa hirzii ibliisii je'e, nama qara'e ibliis waa takka godhuu hin dandayu.

قُلِ ٱدۡعُواْ ٱلَّذِينَ زَعَمۡتُم مِّن دُونِ ٱللَّهِ

*Mee hoggaa rakkattan waan Rabbii achitti Rabbii jettanii gabbartan yaamrn .adhaa , haa isin fayyadanii, Rabbiin akki je'e:

لَا يَمۡلِكُونَ مِثۡقَالَ ذَرَّةٖ

*Dhagaan yookaa sanamni taaboonni isaan Rabbii achitti gabaran sun waan mixii xiqqoo miizaanu takka hin qaban, waa takkarraa sharri tayuu kheyrii tayuu, naman fayyaddan .

فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَلَا فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Sami'iifii dachii keessatti,waa takka haraan qa an, '

وَمَا لَهُمۡ فِيهِمَا مِن شِرۡكٖ

* Asnaamni taaboonni waa takka sarni'iifii dachii keessaa Rabbiin wajji hin qaban

وَمَا لَهُۥ مِنۡهُم مِّن ظَهِيرٖ ٢٢

22}*Wanni ibaadan sun kan akka namaa .jinni'irraa kan Rabbi gargaaree wajji waa uume hin jim.

وَلَا تَنفَعُ ٱلشَّفَٰعَةُ عِندَهُۥٓ

*Rabbi biratti shafaa'an takkaa araara namaa barbaadun hin qeebalamtu ,

إِلَّا لِمَنۡ أَذِنَ لَهُۥۚ

*Nama inni shafa`i je'ee iznii isaaf godhe malee .duuba Rabbiin nama isaa achitti ga-

bbarame kan akka dhaga'aa jinni'ii,mukaa, nama isaan ibaadu shafa'uu iznii isaa hin godhu, isaanuu ibiddatti guuraa akkamiin wanni sun nu shafaatii, Rabbi biratti nu fayyaddii yaadan, namni nama shafa'uun izniin isaaf godhamtu dura nabi Muhammadii, eegasii anbiyoota kaanii, eegasii warra amane hunda , guyyaa qiyaama'aa warri nama shafa'u, kan akka anbiya'aa ni rifatan, izniin nuu godhameeti, ummata shafaana moo, nuun godhamt u je'aniiti, sodaa guddoo keessa bu'an, kan hoggaa aadamitti dhaqanii nu shafa'i je'aniin, an tiyyaafuu soda'an qabaa nama biratti dhaqaa je'ee, kan na biyyii kaanitti dhaqan, kuunis akkasumaje'u, hanga nabi Muhammaditti dhufanii nabi Muhammad ka'ee sujuudee Rabbi khadhatee, Rabbiin irraa qeebalee, shafaa'aa isaaf eehamee, hulaan shafaa'aadhaa banamtee, warri waa shafa'u hundi gammadutti

| | |
|---|---|
| حَتَّىٰٓ إِذَا فُزِّعَ عَن قُلُوبِهِمۡ | *Duuba hoggaa rifachuun warra waa shafa'urraa deemtu iznii argatu 'uun |
| قَالُواْ | *Wanni waliin je'an, gammadanii, |
| مَاذَا قَالَ رَبُّكُمۡۖ | *Maali wanni Rabbiin keessanje'e : |
| قَالُواْ ٱلۡحَقَّۖ | *Dubbii haqaati je'e: mu'mina shafa'uu isinii eehame je' an |
| وَهُوَ ٱلۡعَلِيُّ | *Rabbiin isuma qofa,kan waa hundaa olii beekkomsaafii dandeyti'iin |
| ٱلۡكَبِيرُ ٢٣ | 23} *Kan waan isaan hin malle hundarraa guddate . |
| ۞ قُلۡ | *Orma kuffaaraa kan waaqa moromu, kanneen Rabbitti kafaruun akki jettu: |
| مَن يَرۡزُقُكُم مِّنَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ | *Eenyu namni sami'irraa rooba isinii roobsu ? , |
| وَٱلۡأَرۡضِۖ | *Eenyu namni lafarraa waa isiniif magarsu? |
| قُلِ ٱللَّهُۖ | *Kan san dalage,waaqa jiiin , yoo isaan siif deebisuu baatan, deebisaan gaafii tanaa, kana malee hinjirtuu , |
| وَإِنَّآ أَوۡ إِيَّاكُمۡ | * Ammas akki kuffaaran jettu tokkoon keenya, nuufii isinirraa, |
| لَعَلَىٰ هُدًى أَوۡ فِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٖ ٢٤ | 24}*QajeeIlo'orra jira, takkaa jallina mul`a- |

taa keessa jira, ji'iin, nabi muhammad akka warri Rabbitti amane, qajeell-o'orra jiru, akka warri waaqatti kafare jallina keessa jiru ni beekhaa, wanni nuufii isinirraa tokkumaatu qajeello'orra takkaa jaIl ina keessa jira kuffaaran je'utti ajajameef karaa laafa'aan karaa isaan hin duchisiifuen islaamatti isaan yaamu'uufi. silaa odoo isin jallinarra jirtan je'ee nii , arrabaaf nuun je'e je'aniiti aaranii, haqa hin mil'atan.

قُل لَّا تُسْـَٔلُونَ عَمَّآ أَجْرَمْنَا

*Ammas wanni isaanin jettu: isin cubbuu yookaa dilii nuti dalaynerraa hin gaafa-tamtan,

وَلَا نُسْـَٔلُ عَمَّا تَعْمَلُونَ ﴿٢٥﴾

25} *Nutis waan isin dalaydanirraa hin ga-afatamnu, nuti isinirraa qulquIlu'uu .

قُلْ يَجْمَعُ بَيْنَنَا رَبُّنَا

*Guyyaa qiyaama'aa Rabbiin keenya qabr-i'ii nu kaaseti walitti nu qaba.

ثُمَّ يَفْتَحُ بَيْنَنَا بِٱلْحَقِّ

*Duuba haqaan nu jiddu'utti firdii godha ,kan haqarra jiru jannata seensisee, kaan ibidda seensisee ji'iin .

وَهُوَ ٱلْفَتَّاحُ ٱلْعَلِيمُ ﴿٢٦﴾

26}*Inni kan haqaan firdii godhuu, kan waa hunda keessa beekuu.

قُلْ أَرُونِيَ ٱلَّذِينَ أَلْحَقْتُم بِهِۦ شُرَكَآءَ

*Wanni orrna kuffaaratiin jettu : warra Ra-bbitti qixxeessitanii, ibaadaa keessatti isatti idaatanii gabbartan Rabbi godhat anii, mee na garsiisaa? ji'iin .

كَلَّا

*Dhiisaa dubbii kijibaa, Rabbiin hiriyaan qabuu,isa malee Rabbiin biraa, kan ibaadaa yookaa gabbaruu haqa godhatu hinjiruu,

بَلْ هُوَ ٱللَّهُ ٱلْعَزِيزُ ٱلْحَكِيمُ ﴿٢٧﴾

27}*Rabbiin kan waa hunda injifatu. Kan hikmaa qabu .

وَمَآ أَرْسَلْنَٰكَ إِلَّا كَآفَّةً لِّلنَّاسِ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, nuti na-ma hundaaf si ergine malee, nama ga ri'iifii miti

بَشِيرًا

* Akka warra amane jannataan gamma chiiftee.

وَنَذِيرًا

*Warra amanuu didee dinniina kennitee ibidda azaabatiin sodaachiftuufi,

وَلَٰكِنَّ أَكْثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٢٨﴾

28}*Haa tayuu irra hedduun nama asan hin beekhu.

وَيَقُولُونَ مَتَىٰ هَٰذَا ٱلْوَعْدُ

*Wanni isaan je'an: azaabni yoo kafarre nutti dhufu yoom dhufa je'an,

إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ٢٩

29}*Yoo kan dhugaa dubbattan taatan.

قُل لَّكُم مِّيعَادُ يَوْمٍ

*Baallama guyyaa beekkama'aatitu isiniif jira kan guyyaa san qixaaxamu'uuf qaaxaroon isinii qabamte, sun guyyaa qiyaama'aatii .

لَّا تَسْتَـْٔخِرُونَ عَنْهُ سَاعَةً وَلَا تَسْتَقْدِمُونَ ٣٠

30} *Kan guyyaa sanirraa boodan aanne kan durallee hin dabarre, ji'iin.

وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟

*Warri Rabbitti kafare akki je'e:

لَن نُّؤْمِنَ بِهَٰذَا ٱلْقُرْءَانِ

*Qur'aana Muhammadirratti bu'e kana hin dhugo'oomsinu .

وَلَا بِٱلَّذِى بَيْنَ يَدَيْهِ ۗ

*Kitaabban qur'aana dura buufarne, kan akka tawraatifii injiil, kanneen qabri'ii kaafamtan je'uttis hin amannu waan isaan je'an hin dhugo'oomsinu je'an, duuba Rabbiin isaanirraa dubbatee akki je'e :

وَلَوْ تَرَىٰٓ إِذِ ٱلظَّٰلِمُونَ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad odoo orma kuffaaraa kan waaqa moromu gartee,

مَوْقُوفُونَ عِندَ رَبِّهِمْ

*lsaanii Rabbii isaanii bira gaafatamu'uuf dhaabbatu , dirree qiyaama'atti hidhamarui,

يَرْجِعُ بَعْضُهُمْ إِلَىٰ بَعْضٍ ٱلْقَوْلَ

*Kan dubbii walitti daddeeffatan,

يَقُولُ ٱلَّذِينَ ٱسْتُضْعِفُوا۟ لِلَّذِينَ ٱسْتَكْبَرُوا۟

*Kan {jala yaatun} jettu , ormi xixiqaan je'u , matootii isaan jala yaa'anii kafara niin,

لَوْلَآ أَنتُمْ

*Odoo isin jiraatuu baattanii, odoo isin iimaanarraa nu dhoowwuu baattanii

لَكُنَّا مُؤْمِنِينَ ٣١

31}*Silaa ni amannaa.ni qajeella, warra qajeelu taana.

قَالَ ٱلَّذِينَ ٱسْتَكْبَرُوا۟ لِلَّذِينَ ٱسْتُضْعِفُوٓا۟

*Warri gurguddaan warra isaan jala deemee kafareen akki je'e

أَنَحْنُ صَدَدْنَٰكُمْ عَنِ ٱلْهُدَىٰ بَعْدَ إِذْ جَآءَكُم ۖ

*Si nuutu amanu'urraa isin dhoowwee ? eega iimaanni isinii dhufee? ni kijibdan malee, nuti isin hin jallifne nuti iimaanarraa isin hin dhoowwine,

بَلْ كُنتُم مُّجْرِمِينَ ٣٢

32}*lsinumaatu lubbuu teessaniin, warra cubbu'uu tayuu, turtan .

وَقَالَ ٱلَّذِينَ ٱسۡتُضۡعِفُواْ لِلَّذِينَ ٱسۡتَكۡبَرُواْ

*Ammas warri Jaafan warra haga didee jallatee ,isaanillee jallisee,duuba lakkii nuti isin hin jallifnee isinumaatu, mataa keessaniin jallate, isaanin je'een akki je'e

بَلۡ مَكۡرُ ٱلَّيۡلِ وَٱلنَّهَارِ

*Maltii, balaa isin halkaniifii guyyaa nutti dalaydantu, iimaanarr aa nu dhoowwe.

إِذۡ تَأۡمُرُونَنَآ أَن نَّكۡفُرَ بِٱللَّهِ

*Kan Rabbitti kafaru'utti nu ajajjan ,

وَنَجۡعَلَ لَهُۥٓ أَندَادٗاۚ

*Kan shariika yookaa hiriyaa Rabbiif godhu'utti nu yaamtan, je'aniin ,

وَأَسَرُّواْ ٱلنَّدَامَةَ

* Jarri lachuu, matooti'iifii,warri isaan jala deeme sheenaa isaan lachuu gaban, walirraa dhoysan. matootin maalif amanuu oolle jettee sheenayuu, isaanii warra isaan jala deemee kafarerraa dhoysan. gaanii soda'aaf, ward isaan jala deemee kafaris, maalif amanuu oollee kafarre je'anii, sheenayuu, isaanii, matootii jala deemanii kafaranirraa dhoysanii gara'atti gabatan .

لَمَّا رَأَوُاْ ٱلۡعَذَابَ

*Hoggaa ibidda azaaba argan akkas je'an

وَجَعَلۡنَا ٱلۡأَغۡلَٰلَ فِيٓ أَعۡنَاقِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْۚ

*Kan shanshalata ibiddaa murma warra kafaretti nayn'e, azaaba ibiddarratti idaanefii.

هَلۡ يُجۡزَوۡنَ إِلَّا مَا كَانُواْ يَعۡمَلُونَ ٣٣

33}*Si waan hamtuu addunya'arratti dalaganiifmalee waan biraatifni gixaaxamanii, hin gixaaxaman jechu',

وَمَآ أَرۡسَلۡنَا فِي قَرۡيَةٖ مِّن نَّذِيرٍ

*Biyyuma takkattillee ergamaa tokko nuti hin ergine ,

إِلَّا قَالَ مُتۡرَفُوهَآ

*Kan matootin biyya sanii ganani'oonni je'u taatu malee,

إِنَّا بِمَآ أُرۡسِلۡتُم بِهِۦ كَٰفِرُونَ ٣٤

**34}** *Nuti waan isin dhuftaniinitti kafarre kanje'aniin, tayan malee.

وَقَالُواْ نَحۡنُ أَكۡثَرُ أَمۡوَٰلٗا وَأَوۡلَٰدٗا

*Ammas kuffaarri sun akki je'e nuutu warra amanerra horii, joollee heddommaataa.

وَمَا نَحۡنُ بِمُعَذَّبِينَ ٣٥

35} *Nuti yoo duune aakhira'atti hin yakkamnu Rabbiin eega addunya'arratti nu guddisee aakhira'atis nu guddisa, je'an ,

قُلۡ إِنَّ رَبِّي يَبۡسُطُ ٱلرِّزۡقَ لِمَن يَشَآءُ

*Rabbiin rizqii ni bal'isa ji'iin nama fedheef, isa Iaalu'uu jecha ,

وَيَقۡدِرُ

*Nama fedhetti rizqii dhiphisa isa mokkoru'uuf, duuba rizqii bal'isu'uufii dhiphisuun ,alaamaa Rabbiin nama jaalatu'uutii miti, Rabbiin kaafiratti bal'isee, mu'mina calla'atti ni rakkisaa. Waan Rabbiin namuufuu waan inni jiraatun, waan inni hanga jiru nyaatee dhugu, likkeessafii, dabarsee jiruuf, mu'mina tayuu ,kaafira tayuu, waan biraa dhiisii waannummaan lafarra yaa'u hundi takka bineensaa, waan Rabbiin isi'ii qoode nyaattii hangasirra ida'atu'uufii ir'isu'ullee hin dandeessu,

وَلَٰكِنَّ أَكۡثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعۡلَمُونَ ٣٦

36}*Haa tayuu irra hedduun namaa, waan san hin beekhuu,bal'inni asxaa jaalala Rabbiitii,rakkinni alaamaa dallansuu Rabbiiti seya.

وَمَآ أَمۡوَٰلُكُمۡ وَلَآ أَوۡلَٰدُكُم بِٱلَّتِي تُقَرِّبُكُمۡ عِندَنَا زُلۡفَىٰٓ

*Horiin keessaniifii.joolleen teessan waan nutti isin dhiyeessu mitii {Zulfaa} jechuun : dhiyeysuu .

إِلَّا مَنۡ ءَامَنَ وَعَمِلَ صَٰلِحٗا

*Yoo hori'iifii joollee nama Rabbitti amanee taate malee. kan horii karaa Rabbitti baasee joollee ifii waan Rabbiin fedhu barsiise.

فَأُوْلَٰٓئِكَ لَهُمۡ جَزَآءُ ٱلضِّعۡفِ بِمَا عَمِلُواْ

* Jarri sun sawaaba {gal ata} dacha argatan . waan gaarii isaan dalaganirratti, dalagaa gaarii takkarratti sawaaba kudhan argatan.

وَهُمۡ فِي ٱلۡغُرُفَٰتِ ءَامِنُونَ ٣٧

37}*Isaan manneen jannataa keessatti qanani'an , Isaanii du'aafii.waan hamtuu hundarraa if amane yookaa nagaya baye

وَٱلَّذِينَ يَسۡعَوۡنَ فِيٓ ءَايَٰتِنَا

*Warri kafaree qur'aana keenya balleessu'uu tattaafata godhu ,

مُعَٰجِزِينَ

*Nuti isaan hin dandeenyuu yaada'aa yookaa nu jala bayuu yaada'aa .

أُوْلَٰٓئِكَ فِي ٱلۡعَذَابِ مُحۡضَرُونَ ٣٨

38}*Jarri sun azaabaf fidaman, isaan dhiyana azaabati , kan zalaalamii keessa taa'an

قُلۡ إِنَّ رَبِّي يَبۡسُطُ ٱلرِّزۡقَ لِمَن يَشَآءُ مِنۡ عِبَادِهِۦ وَيَقۡدِرُ لَهُۥۚ

*Wanni gabroottan kiyyaan jettu , horii in hin gowwoominaa .Rabbi in kiyya narna fedhetti balisaa galata isaaf galchamoo hin galchuu laalu'uu jecha,ammallee nama fedhetti xiqqeessa , ni obsamoo hin obsuu laalu'uuf, Rabbiin namuma tokko hogiin duroomsee, hogiin ni hiyyoomsa mokkoru'uu jecha, wanni mu'minarratti jiru, yoo horii argate, galata

Rabbiif galchee, horii san karaa haqatti baasuu, yoo dhabe obsu', lachurratti sawaaba argataa,

وَمَآ أَنفَقْتُم مِّن شَىْءٍ *Waan isin horii keessanirraa karaa haqatti baaftan

فَهُوَ يُخْلِفُهُۥ *Rabbiin bakka isinii buusa.horii isinii heddommeysu'uun ,yookaa sawaaba, yookaa bolola isinirraa deemsisu'uun takkaa karaa hundaan.

وَهُوَ خَيْرُ ٱلرَّٰزِقِينَ ﴿٣٩﴾ 39} *Rabbiinirra caalaa warra waa razaqu-

utii , hadiisa nabitti wanni dhufe : guyyuma hunda malaaykaa lamaatu lallaba tokko : yaa Rabbi nama waa kennee kenni, tokko: yaa Rabbi nama waa qorqode horii isaa duraa balleessi je'a, duuba heelan horii heddommeeffataniin karaa gaari'itti ayli'iin horii baasanii Rabbi abdatanii isatti irkatu . ,

وَيَوْمَ يَحْشُرُهُمْ جَمِيعًا *Guyyaa Rabbiin warra Rabbitti waa qindeessee kafare hunda walitti qabu, dubbadhu,

ثُمَّ يَقُولُ لِلْمَلَٰٓئِكَةِ *Kan eega warra Rabbii achitti waan biraa ibaadu walitti qabee malaayka'aan je'u,

أَهَٰٓؤُلَآءِ إِيَّاكُمْ كَانُوا۟ يَعْبُدُونَ ﴿٤٠﴾ 40} * larri kun is in ibaaduu turanii?

قَالُوا۟ * lennaanin ormi malaayka'aa wanni je'e

سُبْحَٰنَكَ *Yaa Rabbi ati hiriyaa qabaatu'urraa si qulqulleessinaa

أَنتَ وَلِيُّنَا *Siyi waliyyiin keenya, kan si gabbarree ibaada'aan sitti dhiyaannu.

مِن دُونِهِم *Isaanii achitti,ati Rabbii keenya nuti gabroottan keeti, nuufii isaan jidduu gama keenyan waa takka hin jiran, isaan nu ibaadanii .

بَلْ كَانُوا۟ يَعْبُدُونَ ٱلْجِنَّ *Jinni ibaadan.jinnii dhagayaniiti , isii gabbaran, jinni'iitu malaaykaa itti fakkaa tee, nuti malaaykaa je'anii malaaykaa seyanii gabbara

أَكْثَرُهُم بِهِم مُّؤْمِنُونَ ﴿٤١﴾ **41}** *Irra hedduun isaanii jinnii gabberan, waan isiin jettu dhugo'oomsan.

فَٱلْيَوْمَ لَا يَمْلِكُ بَعْضُكُمْ لِبَعْضٍ نَّفْعًا * Ar'a asitti warri addunya`arratti waan

Rabbin tayin gabbaruufii warri Rabbii achitti gabbaramu sun waa walii taruu hin dandayan, warri gabbaramu yookaa ibaadamu,warra isaan ibaadu , gabbaru ,hin fayyadan, rakko'oon baasan .

وَلَا ضَرًّا
*MiidhalIee, dararaa ,yookaa azaabaa isaanirraa deebisuu hin dandayan .

وَنَقُولُ لِلَّذِينَ ظَلَمُوا۟
*Warra Rabbitti kafareen akki jennu:

ذُوقُوا۟ عَذَابَ ٱلنَّارِ
*Qixaaxaa ibiddaa dhandhamaa.

ٱلَّتِى كُنتُم بِهَا تُكَذِّبُونَ ﴿٤٢﴾
42}*Ibidda gaafa adduya'arra jirtan hin jiru jettanii kijibsiisuu turtan.

وَإِذَا تُتْلَىٰ عَلَيْهِمْ ءَايَٰتُنَا بَيِّنَٰتٍ
*Isaan addunya'arratti hoggaa qur'aanni isaanirratti qara'ame.nabiin keenya Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu qur'aana addeesee isaanirratti qara'e.

قَالُوا۟
*Wanni isaan je'an:

مَا هَٰذَآ إِلَّا رَجُلٌ يُرِيدُ أَن يَصُدَّكُمْ عَمَّا كَانَ يَعْبُدُ ءَابَآؤُكُمْ
*Inni qur'aanni irratti buee .nurratti qara'u , yookaa dubbisu kun, waan biraatii rnitii, nama waan abbootin teessan ibaaduu turte, taabota , asnaama ibaadu'urraa isin dhowwuu fedhu ,

وَقَالُوا۟
*Ammas akki je'an:

مَا هَٰذَآ إِلَّآ إِفْكٌ
*Qur'aanni kun waan biraatii mitii kijiba,

مُّفْتَرًى
*Kan Rabbiitu je'e je'anii waan inni hin je'in kijiba irra kaayan, je'an.

وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟
*Warri Rabbitti kafare wanni je'e:

لِلْحَقِّ
*Qur'aanan.

لَمَّا جَآءَهُمْ
*Hoggaa nabi Muhammadirratti bu'ee isaanitti dhufe.

إِنْ هَٰذَآ إِلَّا سِحْرٌ مُّبِينٌ ﴿٤٣﴾
43}*Inni kun waan biraatii mitii falfala mul'ataa ... Rabbiin akki je'e:

وَمَآ ءَاتَيْنَٰهُم مِّن كُتُبٍ يَدْرُسُونَهَا
*Nuti orma kuffaaraa sanii, kitaabban qara'anii irraa waa bee khan , hin kenninee.

وَمَآ أَرْسَلْنَآ إِلَيْهِمْ قَبْلَكَ مِن نَّذِيرٍ ﴿٤٤﴾
**44}***Akkasuma si dura nama isaan gajeelchu ittin erginee ,eessaa si kijibsiisuu kana

fuudhan, akka warri yahuuda'aatifii kirishtaanni kijibaan nabii keenyafii kitaaba keenyatu diin keessan gad hin dhiisinaa nuun je'aa, tanaaf si kijibsiifna je'utti kuffa arri kun raga kijibaa Jaafaa akkanallee hin qabanii.mee nabiyyii dura dursoo isaanii ergame, kitaaba dura dursoo isaanii buufame akkamiin kijibsiisan .

وَكَذَّبَ ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِمۡ

*Warri kuffaara ammaa dura dabre, ergaa kijibsiisee jira warri jajjaboon,

وَمَا بَلَغُواْ مِعۡشَارَ مَآ ءَاتَيۡنَٰهُمۡ

*Kuffaarri ammaa kun ,waan nuti jara dabre saniif kennine, dhibbarraa kudhan hin arganne, humnaafii umri'irraa.

فَكَذَّبُواْ رُسُلِيۖ

*Duuba jarri sun ergamoota kiyya kijibsiisanii lafarraa isaan fixee, humnaafii wanni isaan argatan waa takka isaanii hin tarree,

فَكَيۡفَ كَانَ نَكِيرِ ٤٥

45}*An isaan fixuun haqamoo akkami ? haqa jechu' Rabbiin isaan hin miinee. Isaantu kafaree ifmiidhe malee.

۞ قُلۡ إِنَّمَآ أَعِظُكُم بِوَٰحِدَةٍۖ

* Wanni isaanin jettu an waanuma takkattin isin ajaja yookaa isin gorsa, sun maali?,

أَن تَقُومُواْ لِلَّهِ

*Rabbiif jettanii dhaabbatuu ,

مَثۡنَىٰ

*Lama lamaan maqoo baatanii .

وَفُرَٰدَىٰ

*Ammas takko tokkoon maqoo baatanii

ثُمَّ تَتَفَكَّرُواْۚ

*Eegasii dubbii Muhammad kan qur'aanni irratti bu'e kana gad qabdanii laaIuu hoggaa san dalaydan beytanii

مَا بِصَاحِبِكُم مِّن جِنَّةٍۚ

* Akka saahiba , yookaa jaala keessan Muhammaditti wanni maraatuu taye, hin jirre .

إِنۡ هُوَ إِلَّا نَذِيرٞ لَّكُم

*Muhammad waan biraatii mitii inni nama dinniina isiniiftayu .

بَيۡنَ يَدَيۡ عَذَابٖ شَدِيدٖ ٤٦

46} *FuuIa dura, azaabajabaa addunya`aa aakhiraatti is in gubu dura dhufee isin sodaachisee amanaa , yoo amanuu baattan itti darbamtanii je'ee, inni nama ragaa karaa haqaa isin garsiisu ni beytanii.

قُلۡ

*Orma kuffaaratiin akkijittu .

مَا سَأَلۡتُكُم مِّنۡ أَجۡرٖ فَهُوَ لَكُمۡۖ

*An waa isin barsiisurratti galata isinirra hin barbaadu yoonin isinirra barbaade wan-

nin barbaadu sun isiniifii , fudhaa rna'naan kanaa waa takka is in hin gaafadhu jechu .

إِنۡ أَجۡرِيَ إِلَّا عَلَى ٱللَّهِۖ

*Galanni kiyya Rabbii kiyyarraa naaf jira .

وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ شَهِيدٞ ﴿٤٧﴾

47} *Rabbiin kan waa hunda quba qabuu akkan an, dhuga'aan deemu, ni beekhaa

قُلۡ إِنَّ رَبِّي يَقۡذِفُ بِٱلۡحَقِّ

*Wanni isaanin jettu Rabbiin kiyya haqa ni ibsa .haqaan baaxila deemsisa, wahyii anbiya'atti darba, wahyiin beysisa Rabbiin anbiya'aa kennu,

عَلَّٰمُ ٱلۡغُيُوبِ ﴿٤٨﴾

48} *Rabbiin kan waan fago'oo kan dhufaa taa'u beekhu

قُلۡ جَآءَ ٱلۡحَقُّ

*Wanni ammas jettu hayn'i dhufe, inni islaamaa.

وَمَا يُبۡدِئُ ٱلۡبَٰطِلُ

*Baaxilli hin jalqabamu inni kufri'ii,

وَمَا يُعِيدُ ﴿٤٩﴾

**49}** *Kufriin hin deebi'u faanti kufri'ii hin haftu, makka keessati .

قُلۡ

*Wanni isaanin jettu .

إِن ضَلَلۡتُ

*Yoonan an haqarraa gore, yookaa jalladhe

فَإِنَّمَآ أَضِلُّ عَلَىٰ نَفۡسِيۖ

*Diliin jail ina kiyyaa anumatti deebiti

وَإِنِ ٱهۡتَدَيۡتُ

*Yoonan haqatti qajeelee haqa beekhe,

فَبِمَا يُوحِيٓ إِلَيَّ رَبِّيٓۚ

*Sababaa waan Rabbiin na barsiisetiini sun qur'aanafii hadiisaa.

إِنَّهُۥ سَمِيعٞ

*Rabbiin waan dhokhate hunda dhagaya.

قَرِيبٞ ﴿٥٠﴾

**50}** *Rabbiin fogo'ao mitii du'aa'ii nama isa kadhatee ni , dhagayaa, ni qeebalaa

وَلَوۡ تَرَىٰٓ إِذۡ فَزِعُواْ

*Odoo haala kuffaaraa hoggaa isaan rifatanii qabri'ii bayan gartee silaa ajaa'iba garta

فَلَا فَوۡتَ

*Kan nam tokkalleen isaanirraa nujalaa hin baane

وَأُخِذُواْ مِن مَّكَانٖ قَرِيبٖ ﴿٥١﴾

51} Kan bakka dhiyoodhaa fuudhaman bakkeen dhiyuun,qabri'ii tan mana isaanitti dhiyaattu achirraa gara dirree qiyaama'aa fuudhaman. takkaa bakkeen dhiyoon dirree qiyaama'aatii a chirraa gara ibiddaa fuudhaman.

وَقَالُوٓاْ ءَامَنَّا بِهِۦ
*Gaafas qur'aanatti amanne Muhammad dhugo'oomsine je'an. haa tayuu,

وَأَنَّىٰ لَهُمُ ٱلتَّنَاوُشُ
*Eessaa iimaana argatan yookaa dhaqaban.

مِن مَّكَانِۭ بَعِيدٖ ﴿٥٢﴾
52}*Bakka iimaanarraa fagoootii isaan aakhiraa jiranii bakkeen iimaanaa adduny-a'aa, argatuun dandayan.waytiin iimaanni namarraa qeebalamu dabartee sun addu-nya'aa .

وَقَدۡ كَفَرُواْ بِهِۦ مِن قَبۡلُۖ
* Achi dura,addunya'atti isatti kafaranii jiranii,

وَيَقۡذِفُونَ بِٱلۡغَيۡبِ مِن مَّكَانِۭ بَعِيدٖ ﴿٥٣﴾
53} *Isaan waan isaanirraa bakka faga`o jiruun waan beekkomsi isaa isanirraa faga-ate afaanin darbatan, gaafa addunya'arraa jiran, wanni je'uu turan, kan bee-kkomsa malee sayin sumaan je'an,waan diin tuqu,waan nabiyyii tuqu, guy-yaan qiyaama'aa hin dhufu, jannanni hin jiru, ibiddi jahanama hin jiru, dubbii tana bakka fagoodharraa je'an, bakkeen fagoon isaan irraa je'an {siyiinsa} si-yinsi darajaa beekkomsarraa fago'ootii .

وَحِيلَ بَيۡنَهُمۡ وَبَيۡنَ مَا يَشۡتَهُونَ
*Duuba orma kuffaaraa kan aakhira'a ak-kas ji'uufii waan isaan jaalatan jidduu, daw-oon seentee, waan jaalatan kan akka ibiddarraa najaa bayu'uu, kan akka add-unyaadhatti deebi'anii amananii waan gaarii dalagu'uu,kan akka iimaanni isa-an aakhira'atti am anan isaanirraa qeebalamu'uu, hundarraa hoongayanii dho-owwaman .

كَمَا فُعِلَ بِأَشۡيَاعِهِم مِّن قَبۡلُۚ
* Akkuma kuffaara akka sanitti isaan duraa agame. '

إِنَّهُمۡ كَانُواْ فِي شَكّٖ مُّرِيبِۭ ﴿٥٤﴾
**54}** *Isaan gaafa addunyaa keessa jiran du-bbii qiyaama'aa, ta kaafamu'uu, ta gaafata-mu'uu, shakkuu turan , shakkii shakkii keessa nama buusu, shakkuu turan, ragaa Rabbiin isaanii kaaye laalanii,amananii,shakkii ifirraa hin deemsifuee ,shakkumaan wajji du'anii aakhiratti eessaa waan jaalatan argatan.